Zalaalam Abarraa "JEDHE DIGGAA SAQOO"

“Korma ’nqabu

Morma ’ndhabu”

Jedhe Diggaa Saqoo abbaan Joote

Bara *matta’aan* dhugaa moote!

“Korma ’qabu

Morma ’ndhabu”

Jedhe Diggaa Saqoo mootiin Noolee;

Gaafa jaarsi sobaa oole.

“Gaafa xiiqii, gaafa qalmaa,

Anuu korma. ”

Jedhe Diggaa Saqoo; baddaa Jorgoo,

Kansaa xiiqiin ’nqabu moggoo!

Hora xinnoo, hamma barruu;

Daangaa gubbaa ciisee jiru,

Mootii lama wal gidiru;

As ’ncinne

Achi ’ncinne

Mootii tokkoof qooda ’ntaane;

Hora dubbi, hora lolaa, lola guddaa.

Bara-baraan biyya goola, saba sarda.

Mootiin lamaaan garaa’f dugda.

Diina ta’ee waliin ooda.

Dubbiin kun akka citu,

Dhugaan mandheetti akka galtu,

Akka mootiin wal-haammatu,

Jaarsi biyaa warri alangaa,

Silaa dhugaa fagootti argaa !

Dubbii kana akka ’laalu

Dhibee sabaa ’kka waldhaanu

Mootiin lamaan walii galu.

Akka kanaan sabni yaa’ee,

Odaa jala guutee, taa’ee,

Jaarsa dubbii kana madaalu

Beekaa, guddaa, ’kka Qaalluu

Shanee jaarsaa, warra ’langaa

Silaa dhugaa fagootti argaa!

Filateetu kakachiise, isaa bagaa!

“Dhallii keenya dhala yuuyyee

Qeeyeen keenya qeyee booyyee

Dhugaan murraa, dhugaa ’naallu

Dhugaa hallaan, qeyee keenya bofi ha dhaalu”

Jedhanii, kakatanii, waadaa galu;

Warrii jaarsaa abbaa alangaa

Dubbii muree, buusuuf nagaa!

Garuu, dhugaa ’nmurree, warri alangaa,

Dhugaa muree buusuu mannaa, biyyaaf nagaa,

Matta’aa dhaan kakuu diigee,

Dhugaa haalee sobaaf looge.

Mootii kaanoo, warqee kennee; Diggaa dhoksee,

Harka woyyaa jalaan loosee.

Warri jarsaas kakuu cabsee,

Dhugaa haalee, dhugaa dabsee,

Abbaa warqee, gurra buuse mala malee;

“Abbaan dursee, waa itti qalee

Yookaan abbaan dursee

Hora kanaaf dhiiga cobse,

Haa dhuunfatu, inn’ ’aa’tau abbaa horaa,

Akkaas jennee murtee murraa,

Waan si baasu ati maladhu;

Dubbii kana akka hinbaasne nuu kakadhu.”

Warri jaarsa, jedhee gorse;

Matta’aa dhaan dhugaa dabsee.

Guyyaa murtii dubbii horaa,

Sabni yaa’ee taa’ee taraa;

Warri jaarsaa abbaa-alangaa akka male,

Afaan tokkoon walii galee;

“Abbaan dursee, dhiiga buusee, waa itti qalee,

Horaa kana haa dhuunfatu;

Dubbiin kunis, asuma irraatti, haadhaabatu;”

Jedhee murtee saa lallabe,

Dhugaa yaabee gadi qabee.

Mootiin moyes ’ndhaadate

Mowumsasaa ’nbaannate

“Horri kunoo duruu kooti,

Madda dheebuu saawwa kooti,

Diggaa Saqoo maaf na didaa?

Meefaa ijoollee….. korma sanaa as naa butaa… dhaqaa fidaa”

Jedhee ijoollee saa abboome.

Ilmi Saqoos:

“Bada Diggaa nan gowwoomee?!

Hora abbaakoo dur na saamee”

Jedhee iyyuuf waa sardamee,

Garuu…. dafee obsa uumee of abboome.

Ijoolleenis korma fiddee,

Mootiin moyees korma qaluuf lafaan hiddee.

Diggaa Saqoo eessaa ’lixu, ….eesaa ’galu ?

Maal ’aamalu, maal ’aafaluu?

Horii hinqabuu, homaa hinqalu;

Korma hinqabu;

Morma hindhabu.

Yeroo dubbiin, isa huutu, ciriq gootee,

Akkaas jedhee, Diggaa Saqoo, aarii garaa, miliqfate

Qalbii fi hamilee gudunfatee,

Saba taa’etti galgalee:

“Silaa dansaa, utuun korma fidee qalee;

Garuu….waayee kormaa, waayee dhiigaa,

Nattii hinhimne warri jaarsaa warri alangaa,

Dhugaa Waaqaa, Dhugaa Lafaa; hindhageenye gurraa ’nqabu;

Korma qalmaa asii ’nqabu;

Waayee korma ’ndhageenye

Dhoksaan fide bosona ’nkeenye.

Mootii mooyeettis galaglee, aarii garaa milqfate

“Ishoo gurbaa, baga moote;…baga moote!

Baga balas si qanaate.

Tarii…. horri keetii,

Akka jaarsi sii muretti.

Kunoo fudhu ulee ceekaa,

Ulee saawwaa, ulee tikaa;

Hardhaa kaasee anuu beeka.

Koo ameessi akka gu’e;

Kan koo abdiin akka du’e.

Kan koo nitiin kaldhee hinqabduu;

Kan koo maatiin cooma hinwaadu.

Kee ijoolleen aannan dudhaatii;

Kan koo beelaan wal gajaati.

Kee qomoon abbaa horaa;

Koo qomoon abbaa garaa:

Kee ijoolleen abbaa karraa;

Koo ijoolleen abbaa daara.

Kee niitiin dibattu;

Koo niitin saakachooftu.

Kee saawwi gabbataa;

Koo saawwi huuqqata.

Kee ijoolleen unattu;

Koo ijoolleen gubattu.

Kee karri muddamaa;

Koo karri xuuxamaa.

Kee baqsaan galaanaa,

Koo dubbiin faldhaana;

Kee egereen qabbana,

Koo egereen dukkana;

Kunoo fudhu ulee ceekaa,

Ulee saawwaa, ulee tikaa,

Hardhaa kaasee anuu beeka.

Tarii, hardhaa kaasee horri keeti,

Akkuma jaarsi sii muretti.

Hoo fudhaadhu ulee ceekaa

Hardhaa kaasee anuu beekaa;

Kee qeyeen akka boone;

Koo qeyeen akka one.

Koo ameessi akka gu'e;

Kan koo abdiin akka du'e."

Garaa jaarsoliittis galagalee:

"Jiruun keessan baga oofkale.

Garuu… Korma hinqabu; itti hinqaluu;

Morma hindhabu; hora dhabee bayee hingalu.

Dhiiga coobsuun, eega horri dhuunfa ta’e,

Haalola’u, kankoo lolaa ta’e

Gaafa xiiqii, gaafa qalmaa

Anuu korma!

Dhiiga coobsuun, eega horri, dhuunfa ta’e

Haalola’u kankoo, lolaa ta’e;

Xuuri haaharu dhangala’ee.”

….jedhee, roorroo hedduu eega haasa’ee,

Goraadeesaa mandhee kaa’e,

Butee baasee of gorra’e!

“Korma ’nqabu

Morma ’ndhabu”

…..jedhee Diggaa Saqoo, abbaan Joote

Bara matta’aan dhugaa moote!

“Korma ’nqabu

Morma ’ndhabu”

…..jedhe Diggaa Saqoo mootiin Noole

Gaafa jaarsi sobaa oole.

“Gaafa xiiqii, gaafa qalmaa

Anuu korma! ”

…. jedhee, roorroo hedduu eega haasa’ee

Goraadeesaa mandhee kaa’ee,

Butee baasee of gorra’ee

Hora barruuf aarsaa ta’e.

Diggaa Saqoo, baddaa Jorgoo

Kan saa xiiqiin hinqabu moggoo!